

# CE'UMSA: BARNOOTA AF JALQABBII GAARII

Waraqaa odeeffannoo maatiidhaaf

**Mana barumsaa jalqabuun rakkisaa fi gammachiisaadhasi. Waraqaan odeeffannoo kun akkaataa tajaajilli wayita daa'imummaa daa'ima keessanii daa'imni keessan jalqabbii mana barumsaa gaarii akka qabaatuuf itti deeggaru ibsa.**

Daa'imni keessan hanga ammaattuu daddabarsawwan baayyee kanneen keessa darbee jira:

- Hojii yookiin karaa tokkorraa gara biraatti darbuu
- Bakka taphaa yookaan kabaja ayyaanaaf deemuu
- Kunuunsa daa'ima yookaan oolmaa daa'immanii jalqabuu.

Muuxannoowwan kunneen akkaataa daa'imni keessan bakkootaa fi wantoota haaraatti madaquu, fi deeggarsa akkamii akka barbaadan irratti hubannoo siniif kenna.

## JALQABBIIN MANA BARUMSAA GAARIIN MAALIIF BARBAACHISAA TA'EE?

Jalqabbiin mana barumsaa gaariin kanneen armaan gadii irratti daa'ima keessan gargaara:

- Bu'aawwan barnootaa fi fayyaa fooyya'aa akka argataniif
- Barnootaa fi guddina isaanii irratti akka hin jeeqamne ittisa
- Nageenyi isaanii eegamuu, ofitti amanamummaan fi namoota waliin akka wal-qunnamanitti akka itti dhaga'amuuf

## DAA'IMMAN KEESSAN MANA BARNOOTAATTI GALMEESSISUU

Manneen barnootaa hedduun simannaa kan jalqaban ji'a Caamsaa bara daa'imman mana barnootaa galan dursee jiru keessadha. Achi galchuun mana barumsichaa akka bartanii fi hojiilee daddabarsuu mana barumsaa keessatti akka hirmaattaniif carraa caalu siniif kenna. Ce'umsi daa'immanii dhuma waggaa dura yoo jalqabamee fi guyyoota barnootaa muraasa jalqabaa boodallee yoo itti fufe caalaatti gaarii ta'a.

## SAGANTAALEE FI HOJIILEE MANA BARUMSAATTI DARBUU

Hojiilee mana barumsaatti darbuun isinii fi daa'ima keessan kaninni fayyadu:

- Manni barumsaa maal akka fakkaatu hubachuuf
- Daa'immanii fi maatii biroo faana akka hiriyummaa uumuuf

## IBSA BARNOOTA CE'UMSAA FI GUDDINAA

Barsiisaan wayita daa'imummaa daa'ima keessanii Ibsa Barnoota Ce'umsaa fi Guddinaa (Ibsa Dabarsaa jedhamuun beekamu) kan barreessu ta'a. Ibsi Cu'umsaa kun manni barumsaa daa'ima keessanii fi barsiisaan qophaa'inaa daa'ima keessan akka baranii fi barumsa isaanii akka karoofataniif isaan gargaara. Ibsi Dabarsaa kaninni dabalatu:

- Maqaa, guyyaa dhalootaa fi suuraa daa'ima keessanii
- Maqaa fi odeeffannoowwan quunnamtii keessan
- maqaa fi odeeffannoo quunnamtii tajaajila yeroo daa'imummaa akkasumas ogeessota tajaajila daa'immanii isaan jalqabaa daa'ima keessan deeggaraa jiran kamiyyuu.
- Odeeffannoo waa'ee fedhiwwanii, ogummaawwanii fi dandeettiiwwan daa'ima keessanii
- Daa'ima keessaniif tarsiimoo barsiisuu hundarra gaarii ta'e

Yoo daa'imni keessan Aawutsaayid Iskuul Haaworsi Keeriin (OSHC) kan deemu ta'e, Ibsi Ce'umsaa kun tajaajila OSHC f illee ni qoodama.

Garagalchi Ibsa Ce'umsaa daa'ima keessanii siniif kan kennamu ta'a. Barnoota daa'ima keessanii akka hubattaniif, deeggartaniif fi irratti haasoftaniif isin gargaaruu danda'a.

Faayidaaleen Ibsa Dabarsaa Daa'ima Keessanii:

- Fedhiwwan daa'ima keessanii akka karoorsitaniif
- Ce'umsa daa'imni keessan tajaajila yeroo daa'imummaa isa jalqabaa irraa gara mana barumsaatti taasisu walqixxeessuuf.

Ibsootni Ce'umsaa baay'inaan Termii 4 n barreeffamu. Haa ta'uyyuu malee, yoo daa'imni keessan qaama miidhamaa yookaan guddinni isaa kan harkifate ta'e, Ibsi Ce'umsaa kun Waxabajjii yookaan Adoolessa keessa dursee barreeffamuu mala. Kunimmoo gargaarsa dabalataa

daa'imni keessan barbaadu karoorsuuf isinii fi daa'ima keessan kan gargaaru dha.

Ibsi Ce'umsaa kun isin akka guuttaniif kutaa in qabaata. Waa'ee daa'ima keessanii baayyee waan beektaniif, galteen keessan bu'aa qaba. Manni barumsaa isinii fi daa'ima keessaniif jalqabbii mana barumsaa gaarii ta'e akka karoorsuuf gargaara.

Daa'imni keessan illee ga'eessa akka keessanii yookaan barsiisaa wayita daa'imummaa isaan deeggaramee kutaan inni guutu ni jira. Kanneen armaan gadii dabalachuu danda'a:

- Fakkii kaasuu
- Daa'imni keessan waa'ee mana barumsaa maal akka baruu barbaadan
- Waa'ee mana barumsaa jalqabuu maal akka yaadan

### AKKATTI ODEEFFANNUUN WALIIF QOODAMU

Ibsoonni Ce'umsaa Pilaatfoormii Gamaggammii Hubannoo(Insight Assessment Platform) itti dhimma ba'amuudhaan toora interneetaa irratti kan ol kaa'amanii fi qoodamanidha. Odeeffannoon Insight Assessment Platform irra jiru Awustiraaliyaa keessatti bifa nageenyisaa eegameen ol kaa'ama.

Manneen barnootaa mootummaa Viiktooriyaa hundi (akkasumas manneen barnootaa Kaatolikii fi Of-danda'oon muraasni) barnootaa fi guddina daa'ima hundaa galmeessuuf Insight Assessment Platform ni fayyadamu. Yoo daa'imni keessan Insight Assessment Platform hin fayyadamu ta'e, garagalchi waraqaa yookaan elektiroonikii Ibsa Ce'umsa kanaa ni kennamaaf.

Muummeen Barnootaa fi Leenjii darbee darbee dhiyeessitoota tajaajilaa kan alaa ni fayyadama. Dhiyeessitoonni tajaajilaa Muummechaaf hojjetan tarkaanfiilee nageenyi daataa ittiin eegamu dirqama fayyadamuu qabu. Insight Assessment Platform(Pilaatfoormiin Gamaggammii Hubannoo) **Information Privacy Policy** [www.education.vic.gov.au/Pages/privacypolicy](http://www.education.vic.gov.au/Pages/privacypolicy)Muummechaaf waliin kan wal-simudha.

Muummechi odeeffannoo Ibsoota Ce'umsaa irra jiran to'annoo fi qorannoof fayyadamuu danda'a. Odeeffannoon kun lakkoofsaa fi giraafiidhaan kan dhiyaatan yoo ta'u daa'immanis maqaadhaan **hin** waamamani.

Odeeffannoo dabalataa waa'ee Insight Assessment Platform argachuudhaaf [psts@edumail.vic.gov.au](mailto:psts@edumail.vic.gov.au) irratti Muummecha quunnamaa.

Darbee darbee ogeessonni barnootaa fi kunuunsaa Viiktooriyaa fayyummaa fi nageenya daa'immanii jajjabeessuuf odeeffannoo qoodachuun ni barbaachisa. Tajaajilli wayita daa'imummaa keessanii yeroo barbaachisaa ta'etti, kunuunsaaf, qoollifannaa ittisuuf, fayyummaa iddoo hojii fi nageenyaa fi fayyaa daa'ima fi dirqamoota nageenyaa isaanirraa eegaman galmaan ga'uuf odeeffannoo waa'ee daa'ima fi maatii keessanii qoodachuu malu. Odeeffannoo dabalataaf, <https://www.vic.gov.au/information-sharing-schemes-and-the-maram-framework> daawwadhaa.

### ODEEFFANNOO DABALATAAF

Maaloo [www.education.vic.gov.au/transitiontoschool](http://www.education.vic.gov.au/transitiontoschool) daawwadhaa.

Sanadi kun afaan garaagaraatiin, [www.education.vic.gov.au/transitiontoschool](http://www.education.vic.gov.au/transitiontoschool) irratti ni argama.